



“Itoophiyaan balaa jijjiirama qilleensaan mudataa jiru hir'isuuf xiyyeeffannoon hojjechaa jirti”

Doktar Abiyyi Ahimad

Kutaa Qophiitiin

Itoophiyaan balaa jijjiirama qilleensaan mudataa jiru hir'isuuf xiyyeeffannoon hojjechaa jiraachuu Ministirri Muummee FDRI Doktor Abiyyi Ahimad ibsan.

Ministirri Muummee FDRI Doktor Abiyyi Ahimad Yaa'ii Waldaa Misooma Idil Addunyaa 21ffaa Keenyaatti gaggeeffanerratti hirmaataniiru.

Gaanfa Afrikaatti jijjiiramni qabeenya qilleensaa miidhaawwan garaa garaa qaqqabsiisaa jiraachuu kaasaniiru.

Itoophiyaan rakkicha hir'isuuf sagantaa Ashaaraa magariisaan xiyyeeffannoo addaa kennitee



hojjechaa jiraachuu himaniiru. misoomsuu, misooma Magariisaa,

Itoophiyaan Bosona deebisanii K u n u u n s a *Gara fuula 14tti*

Hoggantootni hojii hunda qindeessuun hogganuufi humnoota waloo caalaatti cimsuun imala badhaadhinaa eegalame galmaan ga'uuf qabu



Pirezidaantiin MN Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa

Kutaa Qophiitiin

Raawwiin karoora hojii Mootummaafi Paartii ji'a sagalii Naannoo Oromiyaa magaalaa Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti guyyoota sadiif qoratamaa ture cimnoota ijoo, hanqinootaafi kallattii furmaataa kaa'uun xumurame.

Xumura gamaggamichaarratti Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa argamuun kallattii hojii kennaniirus.

Ji'oottan saglan darban keessatti rakkoollee jiran hiikuudhaaf rakkoo keessa taa'uun xiiqiidhaan kufaatii jiru furuudhaaf kaka'umsi jiru fooyya'insi mul'achaa jiraachuu Obbo Shimallis dubbataniiru.

Hooggansi humnoota waloo fayyadamuun hojii mootummaa milkeessuuf tattaaffiin taasisaa jiru yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa jiraachuun cimina guddaafi kan jajjabeeffamu itti fufuu akka qabu ibsaniiru.

Miirri qabsoo hoggansa biratti rakkoo ture fooyya'uun rakkoo jiru kallattiidhaan walitti himuufi abbaa itti godhaa deemamuun fooyya'aa dhufuunsaa cimina itti fufuu qabu akka ta'es himaniiru.

Hoggansi keenya hoggansa dinagdee ta'aa jira kan jedhan Obbo Shimallis hoggansa potenshaala jiru hubatee hojiitti jijjiiruun jiruufi jireenya ummata keenyaa jijjiiruu danda'u horatamaa jiraachuunis kan jajjabeeffamu akka ta'e dubbataniiru.

Obbo Shimallis hanqinoota jiranirratti xiyyeeffatamee hojjetamuun galma qabame milkeessuun barbaachisaa ta'uu hubachiisaniiru.

Kallattii karoora kennameen deemuu dhabuun hanqina adda ba'e ta'uus ibsaniiru. Kallattii kaa'ame bu'uura godhatanii deemuu baannan jalqabbiwwan gaggaarii eegalaman cimsuufi hanqinaalee jiran ammoo hiikaa deemuun hin danda'amu *Gara fuula 14tti*

**Ministirri Muummee Dr.
Abiyyi Ahimad Sochii Haaraa
“Daandii Qulqulluu - Jireenya
Fayyaa” jedhu jalqabsiisan**

Kutaa Qophiitiin

Ministeerri Muummee Dr. Abiyyi Ahimad Sochii Haaraa “Daandii Qulqulluu - Jireenya Fayyaa” jedhu tibbana jalqabsiisaniiru.

Sochii haaraa kana wayita jalqabnu Itoophiyaanonni hundi tattaaffii magaalota hundumaaf mijaawaa ta'an uumuuf godhamu keessatti gaheesaanii akka gumaachan waamicha isaanii dhiyeessaniiru.

Waamicha kana hordofuun namootni hoggantootni, bebbeekamoo, dhaabbilee addaa addaafi kanneen biroo irratti hirmaachaa jiru.

Hirmaannaa qaamolee kanaas Ministirri Muummee Doktor Abiyyi galateeffachuun, hirmaannaa caalmaan akka itti fufus gaafataniiru.

**Sosochii qusannaa
geggeeffamaa jiruun
qarshiin miliyoonni
160 ol Baankii
Siinqeetti qusatame**

W.K.Godinootaafi Magaalotaan

Sosochii aadaa qusannaa gabbisuu akka Naannoo Oromiyaatti geggeeffamaa jiruun tibbana qarshiin miliyoonni 160 ol Baankii Siinqeetti qusatamuun ibsame.

Haaluma kanaan Bulchiinsa Magaalaa Walisootti sagantaa sosochii duula qusannaafi Lakk. Herregaa Baankii Siinqeetti banachuu Bulchiinsa Magaalaa Walisoofi Baankii Siinqee waliin ta'uun hojjetameen, kutaalee hawaasaa magaalichaarraa qar Mil. 160 ol walitti qabuu Bulchiinsi Magaalichaa beeksiseera.

Jiraattonni Magaalichaa tokko tokko yaada kennaniin waan yeroo lafaa qusannetu yeroo rakkoo nu fayyada waan ta'eef, Baankii mallattoo keenya ta'eefi harka qalleeyyii giddugaleessa godhatee hojjetaa jiru Baankii Siinqee waliin ta'uun *Gara fuula 14tti*

Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata

Gumaata



Amaloota milkaa'inaa

Akka hayyuun Xiinsammuu Steven Koovey kitaabasaa amaloota namoota milkaa'anii jedhu keessatti barreessetti namoonni jiruufi hojiisaanii keessatti milkaa'an amaloota tokko isaan godhu torba qabu. Isaanis:

- Dursanii yaaduu-Namni dursee yaadu, osoo rakkoon tokko hin dhalatiin dura dursee itti yaada. Waan as deemaa jiru fagoorraa dursee tilmaamuun itti qophaa'a.
- Galmasaa beekkee eegala- waan tokko yommuu eegalan kaayyoo dhumaasammuu keessatti qabachuu, waan hunda dura mul'ata isa dhumaatiif xiyyeeffannaa guddaa kennuu, gufuulee xixiqqoo nama mudataniin mo'amu osoo hin ta'iin kaayyoo bira ga'uuf kaayyeffame sana yaadachuun jabaachuu.
- Waan dursa argachuu qabuuf dursa kennuu- Waan dursuu qabu dursuu. Waan hunda al tokkotti galmaan ga'uun waan hin danda'amneef waanta dursa kennuufii qabnu dura hojjechuu
- Wal dandeessisuu-hariiroo namoota waliin qabnu keessatti gareen lameenuu haala itti injifaturratti xiyyeeffachuun, ofumaa qofaaf milkaa'uufi gammaduu osoo hin ta'iin namoonni kan birootis akka gammadan ykn akka sababa keenyaan miidhaan isaanirra hin geenye yaalii godhuu.
- Namoonni maaliif ana hin hubanne jechuudhaan duratti namoota hubachuuf yaaluu.
- Wantoota hojiennu keessatti waan qabnu hunda, yeroo, dandeettiifi maallaqa keenya wal dandeessisuu; keessattuu akka dhaaba tokkootti ykn waajjira tokkootti yoo sochoonu wantoota qabnu wal simsiifnee hojjechuu.
- Ilaalcha keenya qaruu-waan tokko akkaataa sirrii ta'een hubachuuf yaaluudha.

Kanan dubbiserraa; Roobeeraa Qannoo, Waajjira Kominikeeshiinii Magaalaa Danbidoolloorraa- Qellem Wallaggaa

Jibbinsaafi jibbitoota

Namoonni waa sadii keessaa waa tokkoof si jibbu. Tokkoffaan uumamaan namoonni addunyaan keessoosaanii dukkanaa'e si jaallachuu hin danda'an. Namoonni bilchinni miiraasaanii gadaanaa ta'e keessoo dukkana'aa keessa jiraatu.

Addunyaan keessa kee dukkanooftaan ifa arguu tasuma hin dandeessu. Namoonni akkanaa ifa ati addunyaarratti ibsaa jirtu arguu waan hin dandeenyeef, dukkana kee xiqqoorratti xiyyeeffatu. Gaarummaa kee sagaltamii sagal arguuf ga'umsa waan hin qabneef, mudaa kee tokkittii ilaalu. Isheetti quba qabu.

Lammaffaa, namoonni tokko tokko bakka ofii ga'uuf yaalanii dadhaban gaafa ati geessu akka waan ati galma isaanii isaan saamteetti itti dhaga'ama. Abjuu isaan abjootanii bira qaqqabuu dadhabanitti gaafa milkooftu miirri gaariin itti hin dhaga'amu. Diinota kee ta'uu filatu. Kanarraa kan ka'e humna qaban hundaan ol ka'insa irra jirturraa gad si buusuuf asii ol dhagaa sitti darbatu. Hamilee kee cabsanii deemsa kee daangessuuf karaa isaaniiif danda'ame

hunda deemu. Jireenya kee keessatti namoota akkanaaf deebii deebisuuf jettee ol ka'insa keerraa gadi hin bu'iin. Gadi buutee isaanii waliin taphachuu gaafa eegalte mo'amteetta jechuudha.

Sadaffaa immoo namoonni tokko tokko uumamumaan hinaaftota waan ta'aniif si jibbu. Si jibbu; garuu jibba si jibbaniif sababa hin qaban. Namoota si jibban keessaa hedduun hamma isaaniif danda'ametti jibbasaanii baasanii hin mul'isan. Gaaf tokkoof ol kaawwatanii gaafa ati dogoggora xiqqoo raawwattu dhagaasaanii guuranii si rukkuutuuf dhufu. Gaafa ati waan gaarii hojjette galatoomi jedhanii kan hin beekne gaafa mudaa kee argan garuu saffisa ifaan maqaa kee balleessu. Namoonni akkanaa balaafamoodha. Kan garaa garaa kaa'atanii ilkaaniin si sobu. Keessisaanii ibidda hinaaffaan gubachaa fuula ifaan si gowwoomsu. "Obboleessa koo" siin jechaa harka diinummaa sirratti ol fudhatu.

Asmaraa Abdiisaa, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Hidhabuu Abooteerraa-Shawaa Kaabaa

Sammuu, kutaalee . . .

tiriiliyoona 1,000 ta'u uumuun tajaajila qaamaaf kennu. Yeroo keessa qindaa'anii qabiyyee fi dandeettii sammuu kan guddisan niuroonota kunneeni.

Tishuun sammuu hamma cirrachaa geessu tokkittiin niwuroonota kuma 100 fi iddoowwan niwuroononni itti wal-quunnaman (synapses) biliyoona qabdi.

Yuunivarsitii Landanitti Piroofeesarri barnoota dhimma sammuu Soofii Iskoti dhalli namaa sammuusaa keessaa harka 10 qofa fayyadama kan jedhu wayita mana barumsaa turerraa eegalee dhagahaa akka ture himeera. Harki 90 hafe ammoo, faayidaa malee taa'aa jiraachuu yammuu yaadu guddoo akka isa ajaa'ibu dubbata saayintistiin kun.

Addunyaan amma bakka duraa (yeroo yaadi kun dhiyaatee) hin jirtu. Amma teekinooloojiin sochii sammuu hunda to'atu bakka jirutti kana yaaduun gowwummaadha jedha Pirofeesar Soofii Iskoti. "Gochaa sammuu hunda ilaaluun wayita danda'amee jirutti kutaa sammuu keessaa kan dalagaa hin dalagne muraasa ta'uutu hubatama."

Pirofeesar Iskoti akka jedhutti, gochoonni sasalphaa raawwannuuf, fakkeenyaaf harka keenya diriirsinee kottoonfachiisuuniyyuu, sammuu keenya keessaa harka 10 caalaa fayyadama. Beektonni, dalagaa sammuu meeshaa teeknooloojiin seenanii wayita ilaalan, barruu harkaafi quba keenya diriirsuufi kottoonfachiisuufillee seelonni sammuu baayyee ta'an hojiirra oolu jedhu.

Hojii sammuu bitaafi mirgaa

Kutaan sammuu gama anaatoomiin yammuu ilaalamu bakka lamatti qoodamee jira. Kunis, hemisfeera bitaafi mirgaati. Hojiinis adda addummaa muraasa ni qabu. "Kutaa bitaafi mirgaa gidduu adda addummaan ni jiraata. Garuu, akka namoonni hedduun jedhan miti. Namoonni jechoota nama rifaasisan fayyadamuun garaagarummaa sammuu bitaafi mirgaa ibsu," jedha Pirofeesar Iskoti.

Barreeffamoonni gariin akka kutaaleen sammuu dalagaa mataasaanii adda addatti hojjetanitti ibsaniiru. Bitaa akka maandhee yaada loojikiifi sababa qabeessa ta'e (rationality) maddisiisuuttiifi sammuu gara mirgaa ammoo akka madda hubannoofi kalaqaa (intuition and creativity) ta'eetti ibsu.

Kanarraa ka'uun namni 'logical' ta'e sammuu bitaa, namni waan haaraa uumuufi hubannoo guddaa qabu ammoo nama sammuu mirga jedhamuun hubatameera jedha Pirofeesar Iskoti. Akka yaada kanaatti dhalli namaa milkaa'aafi guutuu ta'uuf kutaa sammuu lamaanittuu sirnaan fayyadamuu qaba. Akkaataan namni rakkoo tokko itti furuufi addunyaa itti ilaalu namaa namatti garaagarummaa qaba jedha Pirofeesar Iskoti, kun garuu sammuu bitaafi mirgaa wal-simuufi wal-simuu dhabuu waliin gonkumayyuu wal-hin qabatu jedha.

"Namni gariin agartuu gaarii qaba, kaan sirriitti waa dhaga'a. Akkaataan odeeffannoo tokko simannee hojiirra oolchinus gargari." Garuu, loojikii sammuu bitaaf kennanii, kalaqa mirgaaf kennuun akkaataa sammuu itti hojjetu waliin hin deemu. Kutaa gar-tokkoo isa kaan caalaa akka waan fayyadamnuutti ibsuunis akkaataa sammuu itti hojjetu faallessa," jedha Pirofeesar Iskoti.

Kutaan sammuu lachuu wal-dubbisaniin waliin hojjetu jedhan Pirofeesarri kun. Inni tokko isan kaaniin, dorgoma yookiin hojii adda addaa hojjetu osoo hin taane, wal-tumsanii waliin hojjetu jedha. Ogeeyyiin fayyaafi saayintistoonni dhimma sammuu, dhalli namaa kutaa qaamaa baayyee qaalii ta'e kana akka kunuunfatu cimsanii gorsu. Sammuun jiraachuufi du'uu namaa kan murteessudha. Namni du'eera kan jedhamu yoo sammuu guutummaatti dalagaa dhaabedha.

Kanaaf, sammuu keessan qaalii waan ta'eef waan hunda caalchisaa kunuunfadhaa!

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websayitii:- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Olkaa'an malee Olka'anii hinfuudhan

Tora xiyyeeffannoo mootummaa jijjiiramaa keessaa tokko baadiyyaa, keessumaa qonna ceesisuudha. Baadiyyaan, hundaa'ol dameen qonnaa hammattummaa faayinaansiirraa moggeeffamee, fayyadamummaa liqiifi qusannoorraa fagaatee turuunsaa nibeekama.

Dhaqqabummaan faayinaansii biyya keenyaa namoota (karaa seer-maleessaa) dhuunfaa muraasa qofaan kan dhuunfatame jechuu dandeenya. Dameen kun magaalaa keessatti kan daanga'e qofa osoo hintaane, bu'uura seeraa liqii xixiqqaa kamuu hin eeyyamnen dallaa'ee kan tureedha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, haalli kun osoo hin jijjiiramin, galmoonni kilaastara baadiyyaa (qonnaa) akka hin milkoofne hubachuun, dhimmoota bu'uura lamarratti hojjechaa tureera. Isaanis, inni jalqabaa, seerri qaqqabummaafihammatummaa faayinaansii baadiyyaa /qonna moggeesse Mootummaa Federaalaatiin akka fooyya'u dhiibbaa taasisuu ture. Inni lammataa immoo, dhaabbata faayinaansiiliqii xixiqqaa dhiyeessuufi qusannoo jajjabeessu hundeesun dhaqqabummaa akkasumas hammattummaa mirkaneessun, cehumsa qonna naannichaa dhugoomsuudha. Inni duraa, isa lammaffaaf galteedha. Haaluma kanaan, lachuu milkeessun imalli milkaa'inaa jalqabameera.

Kaayyoo lammataa kana Waldaa Liqiifi Qusannaa Oromiyaa duraaniirraa ka'uun, baankii ammayyaa kan ta'e, Baankii Siinqee hundeesun milkeessera. Ammantaan baankichaa, galma waliigalaa mootummaan gama kanaan kaa'erraa fagoo kan jiru ta'uus, raawwiin itti fufiinsaan galmeessisaa jiru, milkaa'inaaf karaa qabatuu isaa kan mirkaneessudha.

Baankiin Siinqee kalattii mootummaan aadaa qusannaafi liqii laafaa ummata keenyaa jijjiiruuf kaa'e daran cimsuurratti argama. Fakkeenyaaf, ji'oota kurnan darban qofa, kuufamni maallaqa waliigala baankichaa % 65'n dabaleera. Liqii waliigalaa %13'n guddateera. Liqeeffattoota waliigala baankichaa 500,000 (kuma dhibba shan) oliin gahuu danda'eera. Lakkoofsi kun, gama tokkoon, maamiltoota seektarri baankii Itoophiyaa waliigalaan, jalqabaa kaasee hanga ammaatti liqii dhiyeessef kan caaludha.

Gama biraatiin, liqeeffattoonni kunneen, haala kana dura ta'ee hin beekneen, qaama hawaasa gadi jiru akkasumas qoteefi horsiisee bulaa bal'dhinaan kan hammate yoo ta'u, gama umurii, saalaa, naannaawaafi amantaa liqeeffattootatiinis hammattummaa bal'dhaa mirkaneessaa jiraachuu kan nuuf mirkaneessudha.

Ji'oota kurnan kanatti, raawwiin sassaabbii liqii baankichaa %17 ol ta'eera. Lakkoofsi maamiltoota isaas %23.5'n dabalee gara miiliyoona 6'tti ol siiqqee jira. Baay'inni lakkoofsa dameewwaniis 533 gahuun guddina % 14.4 agarsiisera. Dabalataanis, dhaqqabumaa baankichaa, Itoophyaan alatti, biyyoota ollaa Afrikaa Bahaa keessatti babal'dhisuuf kallattii kaa'ameen, yeroo dhiyootti biyyoota lama keessatti dameelee isaa kan arginu ta'a.

Qabeenyifi investimantiin Baankii Siinqee daran dagaagaa kan jiru yoota'u, yeroo ammaatti Finfinnee dabalatee, kutaalee biyyattii adda addaatti, ijaarsa gurguddaa tajaajila adda addaaf oolan, akkasumas investimantii adda addaa taasisuurratti argama.

Walumaagalatti, milkaa'inoonni argaman haala mijataa keessatti kan galmaa'an hinturre. Dabalataaniis, tumsa qooda fudhattoota hedduufi michuu misooma keenyaa ofkeessaa qabu. Gumaacha kanaaf, mootummaan beekamtii olaanaa kan kennuudha. Gara fuula duraattis tumsi itti fufuu qabaata.

Tekinooloojiin ashaaraa quba harkaafi ijaa miseensota waldaalee lafa mana jireenyaa fudhatanii galmeessu eegalchiifame

W.K.B.Magaalichaatiin

Bulchiinsa magaalaa Shaggaritti teknioloojiin ashaaraa quba harkaafi ijaa miseensota waldaalee lafa mana jireenyaa fudhatanii galmeessu tibba darbe eegalchiifame.

Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti hojimaanni badaa kanaan dura namoonni irra deddeebiin lafa mana jireenyaa akka fudhataniiif ulaa bane maqsuuf teknioloojiin kenninsa ashaaraa quba harkaafi ijaa miseensota waldaalee lafa mana jireenyaa fudhatanii kun furmaataadha jedhameera.

Itti gaafatamtuun Waajjira Misooma, Bulchiinsaafi Dabarsa Manneenii Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Aadde Masarat Abbabaa yaada kennaniin, Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti sirni kenninsa lafa mana jireenyaa kanaan dura ture teknioloojii dijiitaalaan kan deggerame waan hin taaneef namni dhuunfaa tokko kutaalee magaalaa garaagaraarraa irra deddeebiin tajaajila lafa mana jireenyaa dabalataan argataa jiraachuun madda komii ta'aa turuu himaniiru.

Bu'uuruma kanaan, hojimaata badaa namni tokko irra deddeebiin lafa mana jireenyaa kutaalee magaalaa garaagaraa keessatti fudhatu maqsuuf teknioloojiin kenninsa ashaaraa quba harkaafi ijaa waldaalee lafa mana jireenyaa fudhatanii galmeessu ifatti eegalchiisamuu Aadde Masarat himaniiru.

Itti Aanaa Kantiibaafi Qindeessaa Kilaastara Tajaajila Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Obbo Gugsaa Dajanees sirna eegalchiisa ashaaraa qubaafi harkaarratti argamuun yaada kennanin, hojimaata badaa alseerummaa babal'isu kana furuuf kenninsi ashaaraa qubaafi harkaa furmaata jabaadha jechuun xiyyeeffannoon hojirra kan oolu ta'uu hubachiisaniiru.



Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Aadde Iyyarusaaleem Dassaalenyi Mana Jireenyaa Magaalaa Shaashamannee ganda Bulchaanaa keessaa qaban waraqaan qabiyyee lafaa Lakk. Kaartaa isaa 4393 ta’e Lakk. Galmee 16700 lafa kaareemeetira 200M² irratti argamu sadarkaa iddoo 2^{ffaa} tajaajila mana jireenyaa kan ta’e Lakk. iddoo 137/05 Dheerinni Gamoo G+0 ta’e Kaartaa harka isaanii jiru waan jalaa badeef kan biraan bakka bakka buufamee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin kaartaa bakka buusnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Aadde Kabbabush Qaaccee Mana Jireenyaa Magaalaa Shaashamannee ganda Bulchaanaa keessaa qaban waraqaan qabiyyee lafaa Lakk. Kaartaa isaa 4392 ta’e Lakk. Galmee 16699 lafa kaareemeetira 200M² irratti argamu sadarkaa iddoo 2^{ffaa} tajaajila mana jireenyaa kan ta’e Lakk. iddoo 135/05 Dheerinni Gamoo G+0 ta’e Kaartaa harka isaanii jiru waan jalaa badeef kan biraan bakka bakka buufamee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin kaartaa bakka buusnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Ischaalewu Indashaawutiif Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Aadde Iyyaruus Kabbadaa fi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee abbaan manaakoo kun waan badeef mana murtii kanatti himatamuu isaa beekke beellama gaafa 29/08/2016 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyaatu ibsaa, dhiyaachuu baannaan iyyattuuf murtiin badiinsaa kan mirkanaa’uu ta’uu ni beeksifna. M/M/A/Doddotaa

Obbo Mahaammad Qaabatootiif Bakka Jirtanitti

Himataan Awwal Tukeefi Himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Shaashamannee.

Afoosha Arbaa Guguu Magaalaa Asallaa ganda 02 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefi qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 7017/40/95 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Caalbaasii

Baankiin Siinqee W.A Damee Gololchaa mana jireenyaa magalaa Gololchaa keessatti maqaa Obbo Muhaammad Sheekaa Waaqootiin beekamuu fi lakk. kaartaa abbaa qabeenyummaa 409/99/2014tiin waajjira Bulchiinsaa fi magaalaa Gololchaatti galmaayee argamu kan bal’inni lafa isaa kaareemeetira 330M² irratti argamu gatii ka’umsa caalbaasii qarshii 643,233.99 irraa kaasee dorgomsii suun caalbaasii ifaa ta’een gaafa 29/09/2016 sa’aatii 4:00 – 7:00 gurguruu waan barbaaduuf qaamni bitachuu barbaadu ¼ gatii armaan olitti ibsame baankii Siinqeetti qabsiisuun dhihaattanii akka bitattan isin beeksifna. **Baankiin Siinqee W.A Damee Gololchaa**

Baale

Aadde Fooziyaa Ahimad Ibraahiim lafa mana jireenyaa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa Lakk. Galmee F-1044 fi Lakk. Kaartaa isaa L0815/08 kan ta’e maqaa isaanitiin Magaalaa Roobee Ganda Odaa Roobee keessatti galmaa’ee argamu mana galmee keessaa waan jalaa badeef, ragaa kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira lafaa Magaalaa Roobeetti akka beeksifan, yoo hin dhiyaatin kuusaa yeroo banneef tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Obbo Tasfaayee Fayyisaa Daadhii Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa Saayit pilaabnii mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa 8371/2006 kan ta’e maqaa isaaniiin Magaalaa Roobee Ganda Boolee Tokkummaa keessatti galmaa’ee argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin ta’e kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Abdiisaa Geencoo Yaadatee B/B Lammaa Tulluu lafa mana jireenyaa Lakk. Galmee A-8761 Lakk. Kaartaa isaa 0257/2010 kan ta’e maqaa isaanitiin Magaalaa Roobee Ganda Walta’ii Caffee keessatti maqaa isaanitiin galmaa’ee argamu mana galmee keessaa waan jalaa badeef, ragaa kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira lafaa Magaalaa Roobeetti akka beeksifan, yoo hin dhiyaatin kuusaa yeroo banneef tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Aadde Faaxumaa Adam Buusii mana jirrenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 3023/2016 ta’eefi Lakk. Seerii 0678432 ta’e bali’inni lafa isaa 300M² irratti argamu Obbo Muhaammad Alooo Huseenitti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Obbo Muhaammad Nuuree kan jedhaman Magaalaa Gindhiir ganda Ejersa Waarii kan ta’an nagahee mirriitii lafa mana jireenyaa lakk. isaa 2111954 maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru najalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni sababa adda addaatiin nagahee kana qabate yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe guyyoota 30 keessatti raga qabatamaa akka dhiyeeffatu gaafachaa kana ta’uu baannaan nagaheen isaanii kan bakka bu’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gindhiir.

Booranaa


Obbo Xilaahuun Wadaraa Goobanaa fi Aadde Fumoo Shifarraawu B/B Yoonas Barisoo Dhugoo qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk. Sayit pilaanii isaa 9271/BMNB/01/01/02 ta’e lafa kaareemeetira 160 irratti maqaa Obbo Xilaahuun Wadaraa Goobanaatiin galmaa’ee Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti argamu Obbo Taarikuu Taddasaatti gurguranneera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Abdaa Kaliilii fi Aadde Faaxee She/ Umar qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana daldaalaa Lakk. Sayit pilaanii isaa 10078/BMN/01/01/01 ta’e lafa kaareemeetira 10 irratti argamu maqaa isaaniitiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti argamu Aadde Muniiraa Huseen Kaliiliiitiif kennineerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne kennaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Gujii

Aadde Baddessoo Bakkalchaa mana jireenyaa lakk. isaa -- ta’e Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaanitiin galmaa’ee argamu bali’inni lafa 225M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Rammadaan Abdalaatti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Gosoota Ateetee bulfannaa Arsii Aanaa Muneessaatti

Ateeteen Ayyaana sanyiifi hormaata qajeelchitu kan dubartoonni waggaatti yeroo tokko ayyaaneffatanidha. Ateeteen sirna dubartoonni Oromoo waaqasaanii ittiin kadhatan, hawwiifi abdii jiruuf jireenyasaanii ittiin ibsatan akkasumas kabajaafi ulfina ittiin argataniidha. Ateeteen sirna umriifi saalaan daanga’eedha. Sirna Ateetee kan bulfatu dubartoota qofaadha. Kanarraa kan ka’e bakka tokko tokkotti Ateeteen dubartii jedhamuun beekama.

Sirni Ateetee bulfannaa umriin waan daangeffamuuf durboonni Ateetee hin bulfatan. Haata’u malee, meeshaaleefi wantoota Ateetee bulfannaaf barbaachisan haadhaaf ni dhiyeessiti. Ateeteen saalaan waan daangeffamuuf sirna kabaja Ateetee kanarratti dhiirri hin hirmaatu. Haa ta’u malee waan Ateetee bulfannaaf barbaachisu hunda guutuun gumaacha isarraa eegamu hunda taasisa. Guyyaa ayyaana Ateetee dubartiin uffata addaa kan mataasaa danda’ee Caaccuufi Calleen kan jifaarame uffattee dhangaa adda ta’e nyaachisuudhaan kabajatti. Sirni Ateetee bulfannaa yoo akka eegale ifatti beekamuu baatus ragaaleen barreeffamaa tokko tokko akka agarsiisanitti dur yeroo Oromoon akka Kuushiitti jiraataa ture (waggoota 5500 dura) akka jalqabame hubachuun ni danda’ama.

Ateeteen kan ayyaaffatamu yeroo hunda osoo hin taane yeroo itti ayyaaneeffatu qaba. Guyyaan ayyaanaa kunis seera Ateetee qabatee bakka sadiitti qooddama. Isaanis; Ateetee Furmaa (Ateetee Amajjii), Ateetee Hagayyaa (Ateetee Sanyii ykn Midhaanii) fi Ateetee Loonii (Ateetee Sadaasaa) jedhamu.

- **Ateetee Furmaa (Ateetee Amajjii)-** Ayyaanni kun ji’a Amajjii keessa kan kabajamu yoo ta’u, kan dubartiin ijoollee ofii Ateetee naqxee itti eebbiftudha. Haati ijoollee ishiif dhangaa qopheessitee kan deesse hunda walitti qabdee Ateetee itti naqxee eebbifti. Guyyaa sana hortee haadha manaa sanaa kan ta’an hundinuu tokkollee osoo hin hafiin mana ishiitti walga’anii eebba Ateetee fudhatu. Guyyaan kunis guyyaa firri itti wal arguudha.
- **Ateetee Hagayyaa (Ayyaana Sanyii ykn Midhaanii)-** Ayyaani Ateetee kunimmoo Gindii hiikoo ykn Ateetee Midhaanii/sanyii jedhama. Ayyaani kun ji’a Hagayyaa keessa yeroo qotee bulaan qonna raawwatee gindii hiikee, midhaan facaase hundatti Ateetee naqee, qotiyyootti dhaddoo mataatti maree eebbisee gad-dhiisudha. Kun mallattoo xumura qonnaati. Sana booda bakka qonnaa hundarra deemudhaan seerri dhibaaayyuu xumurama. Dhumaarratti bakkuma dhibaaayyuu sanatti gamtaan taa’nii, wanna qabatan, farsoo dhuganii marqaa nyaatanii galu.
- **Ateetee Loonii (Ateetee Sadaasaa)-** Ayyaanni Ateetee kun bakka tokko tokkotti Jaarii Kormaa ykn Gannii Loonii jedhama. Ateeteen Loonii ji’a Sadaasaa keessa kabajama. Sirni kun kan



ayyaaneffamu dallaan loonii bakka duraa irraa jijjiiramee erga ijaaramee booda mukni birbirsaa (kan kormoomsaa jedhamu) wiirtuu dallawaatti dhaabuudhaani. Bakki mukti itti dhaabbate kun sirriitti erga jifaaramee booda sirni Ateetee naquu kormoomsaa jalatti kabajama. Dallawaan Dubartiin kormoomsaa jalatti marqaa marqiti. Sirni dhibaaayyuu erga xumuree booda abbaan warraa waan qalmaaf qopheesse qala. Dhiiga sana bitaafi mirga karraa tuqsiisa. Gogaan horii qalamee sun baqaqfamee miilaafi mataa looniitti hidhama ykn marama. Kana booda dhangaan qophaa’eefi foon nyaatamee, farsoon dhugamee sirnichi xumuura.

Gosoota Ateetee

Akka aadaa Ateetee bulfannaa Oromoo Arsiitti ateeteen gosa saditti qoodama. Isaanis: Ateetee Goraa, Ateetee Falaafi Ateetee Araaraati.

- **Ateetee Goraa:** Akka Aadaa Oromoo Arsiitti Ateetee goraa jechuun yeroo dhiirri karaa aadaa ala ta’een dubartii dhaane, arrabse, miidhaafi yakka hin malle irratti raawwate kan bahamudha. Namni dubartii takka arrabse, dhaane, miidhaafi yakka irratti raawwatee yoo itti mirkanaa’ee argame nama balleessaa raawwate san irraa qalatee, nyaattee, dhugdee, uffattee (kuulattee) eebbisuun araaramtee galti. Yeroo kanas faaruu armaan gadiiitu faarfataa.
- **Ateetee Falaa:** Gosti Ateetee kun yeroo rakkoo jabaan kanneen akka hongee fi dhibee daddarbaan biyya seene gurmuun dubartootaa Siinqee, Irreechaafi Aannaan Ciiccotti qabatanii siinqee weeddifachuun malkaatti ba’anii waaqasaanii araara kadhataniidha.

- **Ateetee Araaraa:** Gosti Ateetee kun immoo kan raawwatamu yeroo gosa Oromoo gidduutti walitti bu’insi uumame, lolli /waraanni hamaan ka’ee namni wal miidhe dubartiin odeeffannoo lolaa kana dhageesse ililfattee dubartoota bakka hallee dammaqsiti. Kana booda gurmuun dubartootaa odeeffannoo waraanaa/lolaa kana darbaa dabarsaa walii dabarsanii siinqee qabatanii battalatti wal ga’uun weedduusaanitiin siinqee weeddisaa gara lafa lolaatti deemu. Yeroo lafa lolaa kana deemanis waaqa siinqeedhaaf aangoo kenne faarsaa deemu. Wayita bakka lolaa sanitti dhiyaatan immoo weedduusaanii keessatti waraanni akka dhaabbatu maqaa waaqaatiin gaafatu.

Yeroo achi ga’anis siinqeesaanii faarfachaa lolli akka dhaabbatu nagaan akka bu’u gaafatu. Yoo dhaabbachuu dide gidduu seenuun waraanichi akka dhaabbatu taasisu. Waraanichi hanga fedhe yoo hammaatellee seera siinqee bira hin darbu waan ta’eef yoo dubartoonni siinqeen gidduu seenan battalumatti dhaabbata. Oromoo Arsii Siikkoo Mandoofi Utaa Waayyuu biratti seerri Siinqee sirna mirgi dubartootaa ittiin kabajamuufi walqixxummaasaanii ittiin mirkanaa’uudha. Seerri Siinqee kabajaafi mirga dubartootaa eega. Seerri kun dubartiin ‘wayyooma’ yaada jedhu qaba.

Mallattoo seera Siinqee
Seerri Siinqee ulee qal’oo, sorooroo muka harooressarraa muranii tolchan kan dubartiin heerumte qabattuun ibsama. Mukti Harooressaa qaqal’aafi sorooroo kan laayyootti hin cabne waan ta’eef filatama. Siinqeen hojjaa/dheerina dubartiin qabattuu akka gitutti murama. Siinqeen akka diimatee bareedu baaxii manaa jala bakka aara argatutti suuqama. Siinqee akka uleetti hin fayyadaman horii ittiin hin haleelan. Wayita qabatanis akka dhadhaabbataatti itti hin fayyadaman. Dubartoonni siinqee qabatanii gurmuudhaan sirna hawaasummaafi Araaraa hedduu waan raawwataniif Siinqeen waraana dubartiiti jedhu.

Hawwan Siinqee wabeeffachuun Waajjirri Kominikeeshiinii Godina Arsii

Calbaasii Marsaa 1^{ffaa}

R/Himatoonni Obbo Baqqalaa Hirbaayyee fi R/Himatamaan Obbo Dhugoo Aduulaa jiddu falmii raawwii murtii jiru ilaalchisee mana Magaalaa Bulee keessatti lafa kaaree meetira 856.8M²irratti ijaaramee saarbiisii balabala kudha afur qabu ka’umsa caalbaasii qarshii 3,315,000tiin gaafa 12/09/2016 sa’aatti 4:00 hanga sa’aatti 6:30tti caalbaasii ifa ta’een akka gurguramu manni murtii waan ajajeef, namooni bitachuu barbaaddan bakka qabeenyi kun argamutti guyyaafi sa’aatii ibsametti dhiyaattanii bitachuu kan danddeessan ta’uu ni beeksifna. Mo’ataan caalbaasii gatii waliigalaa keessaa 25%batalumatti kan kaffalu ta’ee kaffaltii guutuusaa guyyaa caalbaasiin raawwatamee eegalee guyyaa 15keessatti kan hin kaffalle yoo ta’e mirga isaa kan dhabuufi caalbaasii haaraan irra deebi’uudhaan kan bahu ta’uu ni beeksifna. M/M/O/G/Gujii Lixaa.

1^{ffaa} Aadde Gannat Muluutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Waldaa Dhuunfaa dhiyeessii Bunaa Mokonnisaa Bulgaa I/G/Isaa Murtaa’eefi Himatamtuu isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiyeeffachuu bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Gujii Lixaa.

Obbo Qananii Gosoomaatiif

Obbo Teewoodiroos Magarsaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Waldaa Dhuunfaa dhiyeessii Bunaa Mokonnisaa Bulgaa I/G/Isaa Murtaa’eefi Himatamtoota isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiyeeffachuu bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Gujii Lixaa.

2^{ffaa} Zawuduu Tasfaayeeitiif

Bakka Jirtanitti

Waldaa Dhuunfaa Dhiheessii Bunaa Mokkoniisaa Bulgaa I/G/Isaa Murtaa’eef Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura himannaa isinirratti dhiyaate fudhattanii deebii keessan qopheeffattanii beellama gaafa 01/09/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan ta’ee, dhiyaachuu baattan mirgi deebii dhiyeeffachuu keessan kan bira drarbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Gujii.

Hawwanii Tolosaatiif

Zarihuun Shifarraatiif

Bakka Jirtanitti

Waldaa Dhuunfaa Dhiheessii Bunaa Mokkoniisaa Bulgaa I/G/Isaa Murtaa’eef Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura himannaa isinirratti dhiyaate fudhattanii deebii keessan qopheeffattanii beellama gaafa 01/09/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan ta’ee, dhiyaachuu baattan mirgi deebii dhiyeeffachuu keessan kan bira drarbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Gujii.

Aadde Malkaamsiraa Kaasaa fa’aa N-3 mana Jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arabaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa isaa 250M² irratti argamu dabarsanii Aadde Haragiwaa Buzayyeewutti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aaddee Tinnishi Gololii mana jireenyaa lakk. isaa -- ta’e Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 225M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Rammadaan Abdalaatti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Fiqaaduu Kabbadaa faa N-5tiin mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biqqaa foraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 612.5M² irratti argamu dabarsanii Obbo Addisuu Faqqadaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Darajjee Hundee mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Baqqaloo Jaarsootti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Masaay Warquu Wayyeessaa mana Jirenyaa Lakk.isaa AW/LD/66/01 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali`inni isaa kaareemeetira 285M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 8161/2016 ta’e Obbo Antenee Warquu Wayyeessaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Harargee

Obbo Abduramaan

Mu’aaliin

Muhaammadiitiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Bahaar Aliyyiifi Himatamaan isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 12/09/2016 sa’aatii 5:00 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M/O/G/H/Bahaa.

Iluu Abbaa Boor

Obbo Ibrahiim Abdulqaadiir mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda abbaa molee keessaa qaban maqaa isaaniitiingalmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4678/02/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} tajaajila iddoo R1 ta’e karaa bakka bu’aa ishee kan ta’e Obbo Huseen Ahimaditiin Aadde Muniraa Ahimaditti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Taaddalech Maammoo fi Obbo Alamaayyoo Sisaay mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda Gaaddisa Odaa keessaa qaban maqaa Aadde Taaddalech Maammootiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 1466/02/2012 ta’e Lafa bali’inni isaa 430M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} tajaajila iddoo BA ta’e Aadde Haannaa Gazzahaanyitti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Malaakuu Biyaaziin mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4688/01/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 160M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} tajaajila iddoo R1 ta’e Obbo Tasfamikaa’el Shuguxiitti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Nugusee Aliigaaz mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa --- kan ta’e Obbo Mollaa Niguseetti dhaalaan mana murtiitiin waan jijjiirameef, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.

Obbo Taklee giday B/B Mellese Teklee mana jireenyaa balbala tokko Magaalaa Bachoo keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa / DMMLM/48/2010 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 200M² irratti ijaaramee argamu Obbo Tawakkal Duulaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Bachoo.

Obbo Kasaahuun Guuttataa mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu Zoonii Deg-baasii ganda 01 keessaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 100M² irratti argamu Aadde Ababaa Kaasahuuniitiif kenneeraaf waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Adimaasuu Faxxanee mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa Dhu/682/2016 kan ta’e bal’ina lafaa kaaree meetira 200 irratti argamu Obbo Asnaaqee Adimaasuutti waan gurgurtaniif jijjiirran maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa A/Yaayyoo.

Obbo Birhaanuu Mokonnin mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (R2) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0222922 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Lijaalem Isheetuutti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Aadde Daggituu Abarraa mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (R1) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0222925 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Gannatii Lataatti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Aadde Faantaayee Asaffaa mana jireenyaa balbala tokko tajaajila (R2) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0312306 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 200.9M² irratti ijaaramee jiru Obbo Tarrefee Kebbedeetti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Obbo Abdurrazaaq Mohammad Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 04 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa WL/4235/A/2013 kan ta’e Obbo Muraad Mohammadtti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Aadde Yeshii Warqinaa Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 04 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 340M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa WL/4231/Y/2016 kan ta’e Obbo Takkaalliny Mallasaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Obbo Ayyaanaa Dibbeessaa Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 04 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa Go/፳/143/Y/2006 kan ta’e Obbo Charinnet Taammiruutti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Obbo Taarikuu Asaffaa Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 01 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa WL/4170/T//2016 kan ta’e Obbo Abduu Kaasaahuntti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Obbo Taammiraat Maammoo Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 02 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa WBIFL/850/T/2012 kan ta’e Obbo Ambaayee Tasfaayeetti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Aadde Zinnaayee Baqqalaa Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 01 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa Geo/648/Z/2010 kan ta’e Aadde Kuulanii Takkaallinytti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Aadde Batiree Taaddasee Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 04 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa WL/4186/B/2016 kan ta’e Aadde Iyyerusaalem Maqoyyaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Obbo Tafarii Goobanaa Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 01 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 213.5M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa WL/9206/T/2016 kan ta’e Aadde Raahel Laggasaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

Obbo Laggasee Tolaa Go/I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree ganda 01 keessaatti mana jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa WL/4192/I/2016 kan ta’e Obbo Tasfaayee Gannatiitti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Aanaa Aallee.

B/stu Daawwit Mokonnon mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Tokkummaa ganda 01 keessaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 200M² irratti argamu Obbo Faantaa Baqqalaatti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Obbo Addisuu Tasfaayee mana jireenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii Tokkummaa ganda 01 keessaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 200M² irratti argamu Obbo Isheetuu Tasfaayeetti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Aanaa Hurrummuu.

Aadde Mintaamir Sawunnat mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa jiru maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa karee meetira 200M² irratti argamu lakk. Kaartaa isaa Dhu/654/2016 Obbo Siisaay Akliiluutti gurguradheen jira waan jedhaniif jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Yaayyoo.

Obbo Tasfaayee Miret mana jireenyaa Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Cooraa Magaalaa Qumbaabee ganda 01 keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 00423 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 284M² qabu keessaa 180M² irratti argamu Aadde Ayaate Fiqaaduutti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Aanaa Cooraa.

Aadde Almaaz Warquu mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda A/Saya keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 2217/01/2009 ta’e Lafa bali’inni isaa 86M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 1^{ffaa} argamuu Aadde Ikram Sulxaantti gurgureera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Sabsib Xuruhaa mana Daldalaa Magaalaa Mattuu ganda Qoolloo Kormaa keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4774/03/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 49.80M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 1^{ffaa} argamuu karaa bakka bu’aa Obbo Daammanaa Kadiriin dabarsanii Aadde Karimaa Naasirootti gurgureera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Icciitiwwan warra hojii-gaggeessanii

Namootni hojii gaggeessaan dandeettiinwwan adda addaa qabu. Hojii keessatti mudannoo isaan mudatu kamuu gara carraatti jijjiiruu keessatti ni carraaqu, abdii kutatoos miti. Tooftaa hojii keessatti dhimmoota akka gufuu ykn qormaataatti isaan mudataniif furmaata barbaadaa demuun amala isaanii isa gaariidha. Maarree kanneen keessaa akka qormaataatti waanti namoota biizinasii mudatu keessaa inni ijoon oomisha isaanii gulbata ykn ‘duubee’ kennuudha.

Dubbiin duubee ykn gulbata oomisha ykn waan gurgurru tokko kennuu biizinasii keenyarratti dhiibbaa cimaa qaba. Keessattu biizinasii jalqaboo keessatti rakkisaadha. Namni muuxannoosaa ibsuuf jennu kunis ‘Maallaqa hojjechaan ture, garuu maallaqa hin qabu’ jedha. Maaliif gaaffii jedhuuf oomishasaa hedduu gulbata ykn duubee kennuun maallaqa harkaa dhaba waan ta’eef Namni kunis maqaansaa Iskoot Daaviis jedhama.

Hojii haaraa keessatti dhimmoota akkaataa maallaqni callaan ittiin socho’u sirreeffachuun waan dursa ta’uu qabuudha jedha Iskoot "Ani maallaqan hojjechaa ture, garuu maallaqa of harkaa hin qabun," jedha hundeessaan dhaabbata damma oomishu Hilltop Iskoot Daaviis. "Ani dhugumatti maallaqni hojjedhu eessa akka deemaa ture hin beeku. Ergan rakkoo sanaaf fala kenneen booda ture kan hojichillee caalaa babal’ate."

Iskoot Hilltop bara 2011 keessa lafa kan Niiwtawon, Miid Waalsi keessa jiru cinaatti jalqabe. Namni kun yeroo ammaa UK keessatti biizinasii guddaa waggaatti maallaqa Paawondii miliyoona 16 ta’een socho’u jedhameera. Maallaqni Iskoot biizinasiiisaa kana ittiin sochoosu gariin gaagura kannisaa Hilltop matuma isaarraa kan dhufu yoo ta’u, kaan immoo kanuma inni itti dabalatudha.

Biizinasiiin kun waggaa waggaan dachaan guddataa kan jiru yoo ta’u, waggoota muraasa dura akka barruu Saanday Taayims Faast Tiraak Indeks baasetti UK keessatti kampanii hunda caalaa saffisaan guddatan keessaa 26 irratti akka argamu akeeka.

Akkas ta’ees garuu, Hilltop sababa rakkoowwan maallaqa callaa mudachaa tureen duubatti harkifateera. "Jalqabee waggaa sadan duraa keessa, gatantaraatuman ture," jedha Iskoot. "Osoon maallaqa kana hojjechaa jiruu maallaqa tokkollee dhabuu koo maal jedheen yaadaan ture.

"Kampaaniikoo kana osoon hin jalqabiin dura dhaabbata daldala cilee tokko keessa hojjechaan ture.



Gorsaa dhugaa hin qabun ture, hubannaa biizinasii maala akka ta’e hin qabu."

"Bu’aa osoo hin argatiin kasaaraa guddaan yeroon hojjechaa turetti, maallaqa callaa yeroof itti fayyadamu dhabeen rakkaachaan ture." Iskoot boodarra garuu akkamitti akka maallaqni biizinasasaa keessatti galee bahu itti dhiyeenyaan hordofuun fala barbaadate.

Rakkoon ture warroota meeshaa ittii hojjetu isaaf dhiyeessaniif osoo maallaqa maamiltootasaarraa hin fudhatiin dursee kaffaluu ture.

"Biizinasaa haaraa ta’uurraan kan ka’e, dhiyeesssiyoonni na hin manan ture," jedha. "Isaan dura seenaa hojii hinqabu, kanaaf wanti jiru harkaarratti kaffatee fudhachuu qofa ture. Yeroon maamiltoota bira deemu ammoo akkas jedhu: 'Ni bitanna garuu guyyoota 60 asi keessatti siif hin kaffallu.'"

"Namni tokko damma qabee 5,000 ajajatee dhiyeessii isaaf barbaachisu ammoo bituun qaba, garuu maallaqni maamiltoota dammakoo bitatan bira guyyoota 60 tura. Kanaaf, yeroo namni tokko baayyee ajajatee dhiyeessii barbaachisan bittutti, ammallee maallaqni akka harka si gahu eegaa jirta. "Nama jalqaba ajajatterraa maallaqa argachuun baayyee, baayyee rakkisaa ta’uu isaan hubadhe."

Biizinasiiisaa kun erga gaafa jalqabeetii bal’ataafi

guddataa waan deemuuf fedhii maamiltootarraa dhufu guutuuf jecha dhiyeessii bal’isaa deemuuf ammoo maallaqni harka isaa galuu hin dandeenye.

Isaan booda Iskoot wayita warra meeshaa isaaf dhiyeessaniirraa harkatti kaffalee, maamiltoota amma itti gugururraa ammoo ji’a lamaa booda fudhachuun harka qullaasa gochuu hubatee fala barbaadate. Maamiltoota warra guyyaa 60 tursiisuun isaaf kaffalan akka dafanii kaffalaniif, warra isaaf meeshaa dhiyeessan ammoo harkatti osoo hin taane hojjetee erga gurguree akka kaffaluufitti gama lamaanuu waliin marii jalqabe.

"Warra dhiyeessan dhiibuu miti," jedha. Mariin keenya isaan waliin amantummaa horachuurratti. Torban tokko keessattin deebisee isiniif kaffala yeroon jedhu isaanis na hubatan. Amma yeroo maallaqni harka keessa turun argadhe. Isaan booda warri meeshaa inni ittiin hojjetu dhiyeessaniif isa manaa dhufuu kan dubbatu Iskoot, boodarra 'inni nuuf kaffala jedhanii guyyaa 30 hanga 60 turuu eegalan.

Yeroo kanatti kaffaltaan warran damma dhiyeesserrraa itti fudhachuufi meeshaa na barbaachisuuf yeroon itti kaffalu wal naaf qixxaataa dhufe jeha.

Iskoot baayyee hojjeta, dargaggoota hojii jalqaban ni gorsas. Yeroo hojii tokko jalqabanitti kaffaltaan baasii galteef baasan harkatti kaffalaa, oomisha ofii ammoo kaffaltii yeroo dheeraatti eegaa hojjechuun waan nama mudatudha.

Jalqaba dhugaa jiru kana beekanii irratti hojjechuudha akka Iskoot jedhutti. Adeemsa keessa yeroo kaffaltii dhiyeessiif baastuufi kan maamiltoota oomisha kee bitataniirraa itti siif kaffalamu walitti fiduuf hojjechuudha. Inni guddaan mariin amantaa cimsachaa deemuudha jedha.

Adeemsa hojii dalalaa keessatti, keessumaa immoo biizinasaa bal’achaa deemuuf baasiifi galuu sirreeffachaa deemuun jalqaba dubbiiti. Akkasiin itti deemnaan maallaqa osoo hojjetanii, maallaqa dhabuunis ni hafe jechuudha.

Muuxannoo nama kanaas hedduu keenya biratti mudachuu hin hafu. Maarree dubbistootni keenya waan hubachuu qaban keessaa inni ijoon dhimma biizinasii isaaniiratti akkaataa maallaqni isaanii bifa adda addaatiin jalaa osoo hin qisaasa’in gara waan kaayyeeffataniif oolchanitti dhangalaasaa deemuun murteessaa ta’uun hubatamuu qaba.

Maddi:BBC

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Karoora Imala Badhaadhinaa, gama galii maddisiisuufi misooma albuudaan:

Galii ilaalchisee: Mootummaan Naannoo Oromiyaa mul’ata biyyoota galii giddugaleessa jalqabaa (Lower Middle-Income) qaban biraan gahuuf galma akka biyyaatti taa’e milkeessuuf guddina ariifataa, cehumsaa caasaa dinagdee (transformation)fi haaromsa jalqabame fiixaan baasuuf karoora yeroo giddugaleessaafi gababaa yeroo adda addaa baasuun faayinaansii deeggarsa Mootummaa Federaalaafi maddawwan galii naannicharraa argamuun raawwachaa jira.

Haaluma kanaan, galiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa deeggarsa Mootumma Federaalaarraa argamu kan madda naannoo dabalatee waliigalatti bara 2012tti qarshii biiliyoona 75 ture giddu galeessaan waggaatti qarshii biiliyoona 26.78’n guddachuun bara 2015tti qarshii biliyoona 155.34 gaheera.

Madda galii naannoo: Bara 2013tti galiin maddeewwan naannoo oromiyaarraa sassaabame qarshii biiliyoona 39.63 yoo ta’u, bara 2014tti qarshii biiliyoona 56 irra gaheera. Bara 2015ttis qarshii biiliyoona 79.7 ta’u sassabamee mootummaaf galii ta’eera. Waggoota sadan darban keessaa giddugaleessaan waggaatti galiin madda naannichaa qarshii biliyoona 58.44 kan ta’uu mootummaaf gala tureera. Kunis kan bara 2012 irraa waggaattii %130.7’n kan caalu sassabamaa turuu isaa agarsiisa. Haaluma kanaan, gaheen galii madda naannoo hundamataa galii naannichaa keessaa bara 2012tti %33.8 kan ture bara 2015tti gara %51.3tti guddatee jira. Gaheen galii madda naannoo GDP naannichaa keessaa qabu bara 2012tti %2.3 ture bara 2015tti %3.8 ta’eera.

Ragaan kun kan agarsiisu galii madda naannichaa waggaa waggaan sassaabamu sadarkaa olaanaan dabalaa jiraatus dinagdee naannichaa (GDP) wagga waggaan dabalaa jiru keessaa gaheen qabu baay’ee xiqqaa akka ta’ee fi galiin dinagdee naannichaa maddisiisu keessaa mootummaaf gala kan jiru baay’ee xiqqaa akka ta’edha. Kanaafu, sirna sassaabbiifi bulchinsa galii iftoominaafi haqa qabeessa ta’e diriirsuun galiin dinagdee naannichaa maddisiisu harcaatii malee sassabamee mootummaaf akka galu gochuu irratti ciminaan hojjetamuu qaba.

Fedhii faayinaansii naannichaa uwwisuu: Mootummaa naannichaa ijaarsa bu’uraalee misoomaa, misoomaa namaa, inisheetiiviiwwan adda addaafi hojiiwwan bulchiinsaafi nageenyaan walqabatan gaggeessuun fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf karoorfate galmaan gahuufwaggaa waggaan bajatni ramadamu dabalaa jira. Haaluma kanaan, bajatni mootummaan naannichaa bara 2012tti qar.bil.75 ture waggaatti giddugaleessaan qar.bil. 26.78 dabalun bara 2015tti qar.bil.155.34tti guddateera.

Waggoottan sadan darban bajatni mootummaa

naannichaa akka dabalun kan taasisan keessaa isaan gurguddoon dandeettii galii maddisiisuu naannichaa guddaa ta’uurraa ka’uun pirojektootaa fi inisheetiiviiwwan hedduu mootummaan karoorfate galmaan gahuufi pirojektoota turan xumursiisuu, haaraa ijaaruuf xumursiisuu, (manneen barnootaafi dhaabbilee fayyaa ijaaruu irratti xiyyeeffachuun hojjetameera. Kanaan alattis, waggoottan sadan darban iddoowwan gammoojjii naannichaa keessatti hongee irra deddebiin mudatu itti fufiinsaan furuuf ijaarsa pirojektii Finnaa dabalatee hojiiwwan hedduun hojjetamaniru.

Bara bajataa 2012tti bajata mootummaa naannichaa keessaa harki 33.8 kan ta’u madda faayinaansii naannichaatiin uwwifame kan ture waggoottan sadan darban giddugaleessaan waggaatti %44.7’n dabalun bara 2015ttii gara %51.3tti guddateera.

Misooma Albuudaa:

Naannoon Oromiyaa akka biyyaatti naannoolee hojiiwwan misooma albuudaa keessatti babal’atan keessa sadarkaa duraarratti kan argamtuudha. Hojiiwwan damee kanaan hojjetaman keessaa qabeenya albuuda naannichaa qo’annoon adda baasuufi hojiirra akka oolu gochuu, raawwiisaa hordofuu, ragaalee albuudaan walqabatan qabaachuurratti xiyyeeffatamee hojjetamaa tureera. Bu’uruma kanaan raawwii baroottan KIB sadan darbanii gama misooma albuudaan jiru haala kanaan gadiin kan ilaallamu ta’a.

Pootenshaala jiru baruufi hojii gara fuulduraatti hojjatamu baruuf qorannoo adda baafannaa qabeenya albuudaa hojii dursi kennamuufi qabu yoo ta’u bara 2012 lafa km² 485 ta’urratti adda baafannaa qabeenya albuudaa kan gaggeeffamee ture yoo ta’u bara KIB waggoottan sadan darban keessatti lafa km² 2,500 irratti adda baafannaa gaggeessuuf karoorfame lafa km² 2,613 ta’u irratti kan gaggeeffame yoo ta’u waggaa shan keessaa %49.77n raawwatameera. Haa ta’u malee bal’ina lafaa naannoon qabu waliin yoo ilaallamu hojiin kun karoora fooyyessuun hojjatamuu akka qabu kan namatti agarsiisufi raawwin waggaa shaniis yeroo hafe keessatti fooyya’uu akka qabu namatti agarsiisa.

Gama qorannoo qabeenya albuudaatiin walqabatee waggoottan sadan darban keessatti qorannoowwan shan (5) godinaalee Iluu Abbaa Boor, Jimmaa, Baaleefi Booranattii adeemsiisuuf karoorfamee akkaatuma karoorfameen(%100) n,waggaa shan keessaa 62.5% kan raawwate yoo ta’u qorannoo kanaan gosoota albuudaa kanneen akka Sookoo ykn Warqee, Dhagaa Cilee, albuudni galtee industirii ta’an adda baafamaniiru.

Oomisha Albuudaa: Akka Naannoo Oromiyaatti bara bajata 2012 keessatti gama oomisha misooma albuudaatiin, oomisha albuuda ijaarsaa m³

miiliyoona 39.48, oomisha albuuda industirii m³ miliyoona 11.7, oomisha albuuda sookoo kg kuma 5.45, oomisha albuuda sibiilaa toonii miiliyoona 0.6, oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg kuma 83.81 irra ga’ee tureera. Waggoottan sadan darban keessa, bara 2013 oomisha albuuda ijaarsaa m³ miliyoona 13.86, oomisha albuuda industirii m³ miliyoona) 6.046, oomisha albuuda sookoo kg. 4.092, albuuda miidhaginaa kg. 13.952 oomisha albuuda sibiilaa toonii (mil) 0.059 wal duraa dubaan oomishuun danda’ameera.

Hojii misooma albuudaa kana cimsuun bara bajataa 2014 keessatti oomisha albuuda ijaarsaa m³ miiliyoona 22.54, oomisha albuuda industirii m³ miliyoona 5.79, oomisha albuuda sookoo kg kuma 4.46, oomisha albuuda sibiilaa toonii miliyoona 0.074, oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg kuma 56.45 kan oomishame yoo ta’u bara 2015tti oomisha albuuda ijaarsaa m³ miliyoona 23.136, oomisha albuuda industirii toonii miiliyoona 66.55, oomisha albuuda sookoo kg. 2,694.5 oomisha albuuda sibiilaa toonii 62,382 oomisha albuuda dhagaa miidhaginaa kg.8,888 oomishuun madda galii uumuun danda’ameera.

Waliigalaan waggoottan sadeen darban keessatti oomisha albuuda gosoota adda addaa kg/m³/toonii 78,323,881 oomishuun danda’ameera. Karoora imala badhaadhinaa waggaa shanii keessaa 45.62% kan raawwatameera.

Galii Oomisha Albuudaa: Galii albuuda gosoota adda addaafi kenna hayyama hojiiwwan albuudaarraa bara 2012 qarshii miiliyoona 475.00 sassaabameera. KIB waggaa shanii keessatti albuuda al-ergeefi al-ergi bakka buusuurraa USD 2,692,195,795 fi galii biyya keessaarraa qarshii 1,886,840,000 galii argamsiisuuf karoorfamee hojjetamaa kan ture yoo ta’u hanga gabaasni kun qindaa’etti al-ergiifi al’ergii bakka buusuurraa USD 1,008,018,427, galii biyya keessaarraa qarshii 891,848,984n argameera. Hojiin kun xiyyeeffannoo waggoota KIB hafanii ta’uu akka qabu ragaan agarsiifameera.

Lafa albuudni keessaa ba’e deebisanii misoomsun walqabatee hawaasni naannoo naannawa iddoo oomisha albuudaa jiraatu akka hin miidhamneefi qabeenyi uumamaa itti fufinsa akka qabaatu gochuu keessatti hojii ijoodha. Kanarraa ka’uun bara KIB keessatti iddoo albuudni ba’e heektaara 2,129 deebisanii misoomsuf qabamee keessaa hanga ragaan kun qophaa’etti lafti heektarri 927(%73.60) kan misoommeera. Haa ta’u malee lafa albuuda keessaa ba’e deebisanii misoomsuurratti xiyyeeffannoo kennuun murteessaa ta’uu ragaan kun agarsiiseera.

Maddi ragaa: Sanada Komishinii Karooraafi Misooma Oromiyaa: Xiinxala raawwii KIB bara (2013-2015) irraa akka dubbisaaf tolutti qindaa’ee dhiyaate.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Mitikkuu Dhiinsaa fi Aadde Haliimaa Xurunaa mana Jireenya Magaalaa Mattuu ganda 02 keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 459/02/2007 ta’e Lafa bali’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 1^{ffaa} argamuu Obbo Abdii Takiluutti gurgureera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Jimmaa

Obbo Birhaanee Digaafee fi 2n jaraatiin galmaa’ee argamu lakk.kaartaa kan Hinsochoone 4579/2012 fi lakk waliigaltee liizii 10883 kan ta’e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu,kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Fadiluu Habiibtiin galmaa’ee argamu lakk. kaartaa kan Hinsochoone 3783/2012 kan ta’e tajaajilli isaa mana jireenyaaf kan oolu maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda G/Guduruu keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu,kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Taaffasaa Fooliitiin galmaa’ee argamu lakk. kaartaa kan Hinsochoone 2191 kan ta’e tajaajilli isaa mana jireenyaaf kan oolu maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda B/Kitoo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu,kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Aadde Hawaa A/Olii A/Kaabee Lakk.Kaartaa Hinsochoone 2756/2010 tajaajilli mana jireenyaatiif kan oolu maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda H/Markaattoo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Aadde Sayidaa A/Firaa Lakk.Kaartaa Hinsochoone 9530/2013 fi Lakk. waliigaltee liizii 12807 tajaajilli mana jireenyaatiif kan oolu maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda B/Kitoo keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Waajjirri Maallaqaa Aanaa Calliyaa qabeenya abbaa hin qabne konkolaataa boottee Lakk. Gabatee isaa 3-33344 ET kan ta’e; gaafa 09/12/2002 irraa eegalee Aanaa Calliyaa Magaalaa Geedoo ganda 02 keessatti gatamee kan turee fi yeroo ammaa mooraa Waajjira bulchiinsaa Aanaa Calliyaa keessa dhaabbachaa kan jiru abbaan qabeenyaa kan itti hin argamne yoo ta’e caalbaasiin bahee gurguramuun maallaqni isaa mootummaaf galii akka ta’u babaada. Kanaafuu qabeenyi kun kan kooti kan jedhu yoo jiraate konkolaataan kun kan isaa ta’uu ragaa abbaa qabeenyummaa isaa ibsu libree fi ragaa biroo kan qabeenyummaa kana mirkaneessuuf akka dhiyeeffachuu danda’u jechaa, akkaataa armaan olitti ibsameen guyyaa beeksifni Gaazexaa Kallacha Oromiyaatiin bahe irraa eegalee itti fufiinsaan guyyoota 30 keessatti qaamni konkolaataan kun kiyya jedhu ragaa abbaa qabeenyummaa isaa ibsu qabatee Waajjira Maallaqaa Aanaa Calliyaatti kan hin dhiyaanne/ abbaan kan itti hin argamne yoo ta’e, Waajjirri Maallaqaa Aanaa Calliyaa konkolaataa kana akkaatuma Manni Murtii Aanaa Calliyaa murteesseen beeksisa caalbaasii baasee gurguruun maallaqa mootummaaf galii kan taasisu ta’uu ni beeksifna. **Odeeffannoo dabalataaf lakk. Bilbilaa: 0920117777 Waajjira Maallaqaa Aanaa Calliyaa**

Caalbaasii

Ra/himataan Barakat Kibabaaw fi Ra/himatamtuun Aadde Iyeruus Urgeessaa ffaa N-2 jidduu waa’ee raawwachiisaa murtii jiru ilaalchisee konkolaataa gosti isaa koroollaa lakk. gabatee isaa 2-B 39356 ta’e qabeenyummaan isaa kan M/A/Idaa 2^{ffaa} kan Eermiyaas Mangistuu ta’e beeksifni caalbaasii bahee guyyaa 15’f qilleensarra turee ka’umsa caalbaasii qarshii 857,323.96tiin caalbaasii ifaan gaafa 13/09/2016 sa’aatii 4:00 hanga 6:00tti koree caalbaasii raawwachiisuuf dhaddachi hundeesseen iddoodhuma konkolaataan kun dhaabbatee jiru qajeelcha poolisii Ol’aanaa Magaalaa Shaggar keessatti caalbaasii ifa ta’een gatii argameen waan gurguramuuf namoonni bitachuu barbaaddan CPO ka’umsa caalbaasii 1/4^{ffaa} qabsiisuudhaan akka hirmaattaniif manni murtii ajajeera. Mana Murtii Ol’aanaa Magaalaa Shaggar.

Caalbaasii

Murtiin Abbaa Mirgaa Aadde Haannaa Tsaggaawu fi MurtiinAbbaa Idaa Obbo Wandasan Mangistuu jiduu falmii raawwachiisa murtii jiru ilaalchisee qabeenya murtii abbaa idaa Aadde Haannaa Tsaggaawutiin galmaa’ee argamu mana jireenyaa magaalaa Shaggar kutaa magaalaa Sulultaa Aanaa Abbaa Gadaa iddoo addaa Piraay Milk jedhamutti argamu qorqoorroo luukii 70 ofirraa qabu bali’inni 200KM irratti argamu ka’uumsa caalbaasii qarshii 1,702, 814tiin caalbaasii ifaan gaafa 11/09/2016 keessaa sa’aatii 4:00 hanga 8:00tti kan gaggeeffamu waan ta’eef namoonni fedhii qabdan iddoo qabeenyi kun itti argamutti argamanii dorgomanii akka bitatan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Caalbaasii Marsaa 1^{ffaa}

M/A/Mirgaa Aadde Gannat Bagaashaawu fi M/A/Idaa Obbo Aschaalewu Biyaazin jiddu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Hangaatuu keessatti lafa kaaree meetira 200M²irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 658/03 ta’e maqaa M/A/Idaatiin galmaa’ee jiru ka’umsa caalbaasii qarshii 5,357,282.7tiin gaafa 17/09/2016 sa’aatti 4:00 hanga sa’aatti 6:0tti caalbaasii ifa ta’een akka gurguramu manni murtii waan ajajeef, namooni bitachuu barbaaddan tilmaama caalbaasii dhiyaaterraa ¼ CPO qabsiisuudhaan bakka qabeenyi kun argamutti guyyaafi sa’aatii ibsametti dhiyaattanii bitachuu kan danddeessan ta’uu ni beeksifna. **M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.**

Caalbaasii Marsaa 1^{ffaa}

M/A/Mirgaa Obbo Wandosan Alamuu fi M/A/Idaa Aadde Qalamuwaa Mogos jiddu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Dhaddacha Araaraa keessatti lafa kaaree meetira 200M²irratti argamu ka’umsa caalbaasii qarshii 766,334.80tiin gaafa 17/09/2016 sa’aatti 4:00 hanga sa’aatti 6:0tti caalbaasii ifa ta’een akka gurguramu manni murtii waan ajajeef, namooni bitachuu barbaaddan tilmaama caalbaasii dhiyaaterraa ¼ CPO qabsiisuudhaan bakka qabeenyi kun argamutti guyyaafi sa’aatii ibsametti dhiyaattanii bitachuu kan danddeessan ta’uu ni beeksifna. Teessoon Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Dhaddacha Araaraa iddoo Addaa mana foonii Tsaggaayee irraa gara kallatti bahaatti meetira 100 seenee argama Lakk. bilbilaa 0955231525 **M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.**

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Aadde Mahdar Nuguseefi M/A/Idaa Obbo Dassaalenyi G/Carqoos jiddu falmii raawwii jiru ilaalchisee Konkolaataan manaa Lakk. Gabatee isaa AA-02-B03343 kan ta’e Lakk. Shaansii isaa NZE 120-3026623, Lakk. Motoraa 2721930 ta’e ka’umsa caalbaasii qarshii 809,728tiin gaafa 26/09/2016 sa’aatti 3:30 hanga sa’aatti 5:00tti galmooftanii sa’aatii 5:00 hanga 6:00tti caalbaasii ifa ta’een akka gurguramu manni murtii waan ajajeef, namooni bitachuu barbaaddan tilmaama caalbaasii dhiyaaterraa ¼ CPO qabsiisuudhaan bakka qabeenyi kun argamu Magaalaa Adaamaa Qajeelcha Poolisii Magaalaa Adaamaa keessatti guyyaafi sa’aatii ibsametti dhiyaattanii bitachuu kan danddeessan ta’uu ni beeksifna.**M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.**

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Aadde Aragituu Geetee fi M/A/Idaa Obbo Alamaayyoo Baayyee jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Harooretii keessatti Lakk. Kaartaa isaa ORB 0011505151/02 kan ta’e lafa kaaree meetira 200M²irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 658/03 ta’e maqaa Izaddiin Muhaammadiitiin galmaa’ee jiru ka’umsa caalbaasii qarshii 1,621,295.⁴⁰/100tiin gaafa 20/09/2016 sa’aatti 4:00 hanga sa’aatti 7:00tti caalbaasii ifa ta’een akka gurguramu manni murtii waan ajajeef, namooni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan gatii ka’umsaarraa ¼ CPO qabsiisuudhaan bakka qabeenyi kun argamutti guyyaafi sa’aatii ibsametti qaamaan dhiyaattanii bitachuu kan danddeessan ta’uu ni beeksifna. Odeeffannoo Dabalataatiif Lakk. Bilbilaa 0974342508 **M/M/A/Kutaa Magaalaa Luugoo.**

Caalbaasii Marsaa 2^{ffaa}

Mana jireenyaa maqaa Aadde Rahimaa Ganamoo Buqulootiin galmaa’ee Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu jiddoo kombolchaa Magaalaa Adaamii Tulluu ganda 01 keessatti argamuu fi lakk kaartaa WMMLMA/402/767/2012 ykn A138/1815/2012 ta’een lafa kaaree meetira 200M² irratti ijaaramee argamu Baankiin Siinqee W.A Damee Baatuu sababa maamilli (liqeeffattuun) Baankii siinqee Aadde Rahimaa Ganamoo Buquloo liqii liqeeffatanii idaa isaan irra jiru (Baankiin irraa qabu) deebisuu waan didaniif beeksisa caalbaasii marsaa 1^{ffaa} gatii ka’umsaa caalbaasii qarshii 814,889.85 tiin gaafa 30/09/2016 sa’aatii 4:00 – 7:00tti caalbaasii ifaa ta’een gurguruuf namootni ykn qaamni bitachuu barbaaddan dursitanii maallaqa gatii ka’umsaa irraa 1/₃ (tokko sadaffaa) Baankii Siinqee dame Baatuutti CPO galii gochuun dorgommiidhaan bitachuu kan dandeessan ta’u isin beeksifna.Odeeffannoo dabalataaf lakk. Bilbilaa 0461413303 ykn 0221118545 irratti bilbiluu dandeessuu **Baankii Siinqee Distiriktii Adaamaa Damee Baatuu**

Obbo Kabbadaa Bayyanaa Nagahee Lakk. isaa 991242, Lakk. Galmee K-67 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Birhaanee Hirkootiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Mihiratuu Alamuufi waamamatuu isin jidduu himannaa jiru ilaalchisee waamamatuun kun waan baddeef murtiin badiinsaa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. waamamatuun yoo jiraate, beellama gaafa 30/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falamttan beeksisaa, kan hin dhiyaanne yoo ta’e himataaf murtiin badiinsaa kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.M/M/A/Walmaraa.

Aadde Tsiggee Gaaddisaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Guutaa Gurmeessaafi Himatamtuu isin jidduu falmii qabiyyee lafaa jiru ilaalchisee Himattuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/09/2016 sa’aatii 4:30 irratti akka dhiyaattanii falamttan beeksisaa, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi iddoo isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Sulultaa.

Obbo Kaasaa Alamuutiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Kamisee Waaqayyoo fi Himatamaan isin jidduu falmii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 24/08/2016 sa’aatii 4:30 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan.

Obbo Tasfaayee Dabal Gonfaatiif

Bakka Jirtanitti

Iyyattoonni 1^{ffaa} Tarrafaa Mulaatuu 2^{ffaa} Taaddasaa Margaa 3^{ffaa} Gaaddisaa Margaa 4^{ffaa} Warquu Dabal 5^{ffaa} Wayyoo Margaa 6^{ffaa} Abarruu Addunyaa fi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 29/08/2016 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Iluu.

Obbo Birhaanuu Araarsaatiif

Bakka Jirtanitti

HimattuunAaddeShureeFayyisaafi fi Himatamaa isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/08/2016 sa’aatii 5:00 irratti deebii keessan baarreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falamttan beeksisaa, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii kennachuu keessan kan bira darbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/ Meettaa Walqixxee.

Aadde Faaxumaa Roobaatiif

Bakka Jirtanitti

Oliyyattuun Aadde Makiddaa Ibraahimiif waamamatuu isin jidduu falmii dhimma H/ Hawaasaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falamttan manni murtii ajajeera. M/M/W/ Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa.

Obbo Geetaachoo Bayyanaatiif

Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Madaanit Hayiluufi Himatamaa isin jidduu falmii dhirsaafi niitummaa jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 27/08/2016 sa’aatii 4:30 irratti akka dhiyaattanii falamttan beeksisaa, kan hin dhiyaanne yoo ta’e falmiin iddoo isin hin jirretti itti fufee murtiin kan kennamau ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Meettaa Roobii.

Obbo Araarsaa Abarraatiif

Bakka Jirtanitti

Balaaleffattuuun Aadde Addis Mokonniniifi waamamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kuyyuu.

Waldaa Aksiyoonaa Agroo Industirii Waliiftiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Koropireeshinii Misooma Paarkkiwwanii Industirii Oromiyaa Giddu gala Gabaa Oromiyaa fi AddisHimatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/08/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/ Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Aadde Makiyaa Qaasiimitiif

Obbo Kadiir Huseeniitiif

Bakka Jirtanitti

Mormiin iyyataa Waaqoo Daatuufi himatamtuun Aadde Sooryaa Kadiirifi Himatamaan Ga/Saaj/ Adaam Huseeniifi isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee galmeen kanaan dura cufamee ture deebi’ee kan socho’e ta’uu beektanii beellama gaafa 14/09/2016 sa’aatii 8:00 irratti falmii afaaniitiif qophooftanii akka dhiyaattanii ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi bakka isin hin jirretti ilaalamee murtiin kan kennamu ta’u manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Aadde Masaqalee Shigguxee Nagahee Lakk. isaa 035162,Lakk. Galmee M-1658 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Eeliyaas Kadir Usmaan Nagahee Lakk. isaa 1885215,Lakk.Galmee J-389 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Takilabirhaan Asaffaa Takiluu mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa keessatti waraqaa ragaa qabiyyee iddoo Lakk Kaartaa isaa 146/2000 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu Baankii Daashiin alatti yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan (kaartaan) kan biraa kan bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Hangaatuu.

Aadde Dinqinash Isheetee Nagahee mirriitii Lakk. isaa 1499627 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuufi bulchuu: sakatta'insa seeraafi hojimaataa Naannoo Oromiyaa

Yaadrimeefi kaayyoo qabeenya bu'aa yakka mamaammaltummaa dhaaluu

(Kan darberraa kan itti fufe)

Qabeenyota dhaalamuu danda'an

Yakka malaammaltummaa keessatti yeroo baay'ee wantoonni dhaalaman qabeenya bu'aa yakkaa ta'e (bu'aa kallattii ykn alkallattii)fi qabeenya yakkicha raawwachuuf shakkamaan fayyadame akka ta'e barreeffamoonni garagaraa ni ibsu. Qabeenyoonni dhaalamuu qaban armaan gaditti ibsamaniiru. - Qabeenya bu'aa yakkaa ta'e ykn bu'aa yakkicharraa argame

Yakki Malaammaltummaa kan raawwatu fedhii yakkamaan bu'aa argachuuf ykn nama biraaf argamsiisuf qaburraa ka'eeti. Kanumarraa ka'uun waliigalteewwan malaammaltummaan walqabatanii akka addunyaatti mallatteeffaman hundi biyyoota miseensa ta'an irratti qabeenya bu'aa yakkichaa ta'e dhaaluu akka dirqamaatti kaa'anii jiru. Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Dhabbata Mootummoota Gamtoomanii gaalee 'bu'aa yakkaa' kan jedhu kana qabeenya kallattiinis ta'e alkallattiin yakkicha raawwachuun argame ykn horatamedha. Dabalataan Waliigalteedhuma kana kwt.31(1A) jalatti 'qabeenya yakkicharraa argame ykn qabeenya bu'aa yakkicharraa argame waliin walmadaalu' jechuun kaa'ee jira. Kun immoo tilmaama bu'aa yakkicha irraa argamekan dabalatudha. Kanaafuu, keewwatoota lamaan waliin yoo dubbifnu qabeenya yakkicha raawwachuun horatame ykn argame ykn tilmaama bu'aa yakkichaan argameen walgituufi bu'aa/faayidaa qabeenya yakkarraa argame fayyadamuun argamu hunda kan dabalatu ta'uu hubanna.

Qabeenya ykn meeshaalee yakkicha raawwachuuf fayyadaman ykn fayyadamuuf qopheeffaman Ittisa yakkaa keessatti akkuma tarkaanfileen biroo fayyadan meeshaa yakki ittiin raawwate ykn ittiin raawwatamuuf qindeeffame shakkamaa harkaa fuudhuun ykn dhabsiisuun yakkicha ittisuuf ykn yakki biroo dabalataan akka hin raawwatamne gochuuf faaydaa ol'aanaa qaba. Haaluma walfakkaatuun yakka malaammaltummaa keessattis meeshaa ykn qabeenya yakki ittiin raawwatame ykn raawwatamuuf karoorfame dhaaluun bu'aa olaanaa qaba. Kanumarraa ka'uun Waliigalteen farra malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii biyyoonni miseensa ta'an tarkaanfilee akka qabaeenya ykn meeshaa yakki

ittiin raawwatame ykn ittiin raawwatamuuf qindeeffame dhaaluu seerotasaanii keessatti akka hammachiisan ni dirqisiisa.

– **Qabeenya bu'aa yakkaa qabeenya birootti makame (Mixed proceeds)**

Yakki malaammaltummaa of eeggannoon kan raawwatamuufi yakkichi erga raawwatameen boodas shakkamtoonni kun qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kana dafanii qabeenya qulqulluutti makuun akka hin beekkamne gochuu danda'u. Qorannoon qabeenya bu'aa yakkaa ta'erratti taasifame qabeenyichi qabeenya karaa seera qabeessan argameen walmakuu kan agarsiisu yoo ta'e, tilmaamni hamma qabeenya bu'aa yakkaa sun dhaalamuu qaba⁴⁵. Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e qabeenya seeraqabeessaan kan walmaku yoo ta'e, tilmaamni qabeenya bu'aa yakkaa dhaalamuu akka qabu tumee jira.

Gama biraatiin qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e guutumaatti ykn walakkaanis ta'u gara qabeenya biraatti kan jijjiirame yoo ta'e, qabeenyichi kan dhaalamu ta'uu fi akkasumas galiin ykn bu'aan biroo qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kana irraa argames kan dhaalamu ta'uu kaa'ee jira. Kanaafuu, biyyoonni miseensa ta'an sirna dhaalmaa qabeenyaa kanas seera biyyattii keessatti hammachiisuu qabu.

– **Qabeenya Tilmaama Walmadaalu qabu**

Qabeenyi bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e dhaalamuu akka qabu ni hubatama. Haata'u malee, qabeenyi kun yeroo tokko tokko kan hin argamnee fi tilmaamni bu'aa yakkichaan argamee kan beekamu yoo ta'e, qabeenya shakkamaa/yakkamaa bu'aa argameen walmadaalu dhaalun akka danda'amu barreeffamootni adda addaa ni kaa'u. Haaluma kanaan Waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii qabeenyichi bu'aa yakkaa ta'e kan hin argamin ykn kan hin jirre yoo ta'e, qabeenyi yakkamaa tilmaaman bu'aa argameen walmadaalu dhaalamuu akka qabu biyyoota miseensa ta'aniif kallattii kaa'ee jira.

– **Qabeenya nama 3^{ffaa}**

Akka qajeeltootti qabeenyi nama 3^{ffaa} shakkamaa waliin hariiroo hin qabne sababni dhaalamuuf hin jiraatu. Haata'u malee, yeroo tokko tokko shakkamaan meeshaa ykn qabeenya nama biraa fayyadamuun yakkicha raawwachuu danda'a. Yeroo akkasii qabeenyi nama 3^{ffaa}

yakki ittiin raawwatame dhaalamuu qaba. Kun namni 3^{ffaanis} yakki malaammaltummaa akka raawwatu gahee taphachuu waan danda'uuf gamanumaan harka akka sassaabbatu gochuuf gargaara. Asirratti nama 3^{ffaa} nama uumamaa ykn dhaabbata seeraan namummaan kennameef ta'uu danda'a.

Bulchiinsa qabeenya dhaalamee ykn dhorkamee

Qabeenyi tokko bu'aa yakka malaammaltummaa ta'uun yoo shakkame osoo dhimmichi mana murtii hin dhiyaatin ykn erga dhihaatee booda qabeenyichi ittifamee akka turu ajajni yeroo akka kennamu taasisuun ni danda'ama. Erga ajajni kennamee qabeenyichi ittifameen booda garuu qabeenyichi akka hin miidhamne/hin banne nageenyummaasaafi sonasaa qabatee akka turu eegumsa gochuufiin barbaachisaadha. Kana gochuuf sirni bulchiinsa qabeenya ittifamanii ykn dhaalamanii diriiruu qaba. Kanumarraa ka'uun waliigalteen Ittisa Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii biyyoonni tumaaleefi tarkaanfilee qabeenya ittifame bulchuuf barbaachisoo ta'an akka qabaatan gaafata .

Gama biraatiin qabeenyoonni kun akka ittifaman gaafachuun ykn ajaja kennuun dura qabeenyichi amala maalii akka qabu qorachuun barbaachisaadha. Sababnisaas qabeenyoonni tokko tokko yoo ittifaman bu'aa inni booda argamsiisu caalaa baasiin eegumsa/kunuunsasaaf bahu caaluu danda'a. Qabeenya bulchuun beekumsa, muuxannoo, dinagdeefi kutannoo bulchiinsaa gaafata. Itoophiyaa keessatti sirni bulchiinsa qabeenya ittifamanii ykn dhaalamanii diriiree hin jiru. Dhaabbanni ykn qaamni dhimma kana hordofuuf dhaabbatee fi namni dhimma bulchiinsaa kanaan ogummaa addaa qabatee irratti hojjetaa jiru hin mul'atu.

Haata'u malee, labsiin farra malaammaltummaa qabeenyota bu'aa yakka malaammaltummaa ta'uu malu jechuun ittifamanii ykn dhaalaman bulchuuf manni murtii akka muudu ykn irraa kaasu aangoo kenneefii jira . Muuxannoon biyyoota biroo kan agarsiisu qaamni qabeenyota ittifaman ykn dhaalaman bulchu of danda'ee kophaa kan dhaabbateefi ogeessota dhimmicha irratti barumsa addaa qabaniin kan raawwatamu ta'udha .

Qorattootni: Abdii Tasfaa, Kadir Qaasoo; Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa (ILOSO) Caamsaa, 2015

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Sammuu, kutaalee sammuufi hojiisaa

Kutaalee qaamaa hunda caalaa sammun amala baay’ee nama hawatu qaba. Hojii ajaa’ibaafi ulfaataa ta’e salphisee raawwata. Gocha namaafi akkaataa itti namni yaaduuf gaafatamummaa kan qabu yoo ta’u, qaama baay’ee walxaxaa ta’eefi yeroo dheeraaf qorattoota raajeffachiisaa dhufedha.

Kutaa qaamaa keessaa isa xiqqaa ta’ee, garuummo, hojii hunda caalu kan hojjetu sammun, akkaataan itti hojjetu walxaxaafi hubachuuf nama rakkisu garuummoo akkaan qalbii namaa hawwatuudha jechuun ibsu saayintistoonni. Sammuun seelota niwuroonii biiliyoonaan lakkaa’aman of keessaa qabutti gargaaramuun dalagaasaa raawwata. Garuu, waa’ee sammuu wantoonni ammallee hin hubatamne hedduudha.

“Sammuu guutummaatti hubachuun ni ulfaata. Addunyaarratti kan akka sammuu walxaxaan hin jiru,” jedhu UK keessatti Ogeeyyii Xiin-sammuu beekamoo ta’an keessaa tokko kan ta’an Pirofeesar Roobiin Marii. Kutaan qaamaa xiqqaan mootora qaama hundaa ta’e kun iccitiiwwan ajaa’ibsiisoo ta’an hedduu qaba. Isaan keessaa muraasi:

Sammuun yoo miidhame of wal’aanuu danda’a

Sammun erga miidhamee booda seelotasaa kumaa kitila fayyadamuun of dandamachiisuu danda’a. Saayintistoonni akka jedhanitti sammun jiruu nama tokkoo keessatti jijjiirama agarsiisaa deemuunsaa dandeettii haaraa barataa akka deemaniif akka nama gargaarutu ibsama.

Qorannoon kun namoota dhibee sammuu (stroke) yookiin araada qoricharraa dandamataniin mirkanaa’e.

Yuunivarsiitii Kaambiriijitti Saayintistii sammuu (neuroscientist) kan ta’an Jemsi Faawoset akka jedhanitti akkaataan seelonni gogaa yookiin kutaa qaamaa kaanii yoo miidhame deebi’ee marguufi kan sammuu addaa addadha.

Sammun kutaa irraa miidhame deebisee bayyanachiisa osoo hin taane niwuroonota yookiin seelota odeeffannoo qaamni namaa akka yaadu, socho’uufi goch tokkoa raawwatu baatan miiliyoonota keessaa kan fayyaa hafanitti dhimma ba’uudhaan hojiisaa itti fufa jedhu saayintistiin kun.

Kanneen hafan qindaa’anii bifa haaraan of ijaaranii hojiisaanii kan itti fufan yammuu ta’u, kunis, ‘*neuroplasticity*’ jedhamuun beekama. Haala kana daandii yookiin googil maappii akka fakkeenyaatti fudhachuun kan ibsan saayintistiin kun, akkuma yoo daandiin saffisaafi filatamaa ta’e cufame filannoo daandii itti aanutti deemamu sammunis yoo niwurooniin tokko hubame filannoo itti aanutti ce’uun kan hafanitti fayyadama jedhu.

Dhaabbata Dandeettii Sammuu qoratu kan US keessatti argamu kan hogganu Maarki Ashilii, sammun seelota miidhaman irra utaaluu niwurooniiwwan hafan wal-quunnamsiisee hojiisaa raawwachuu itti fufa jedha. Sammuun seelota-niwuroonii filatee hojiisaa hojjechuun yeroo miidhamaa qofa osoo hin taane yammuu ogummaa haaraa barannus ni mul’ata jedha Maarki Ashiliin. Garuu, yoo miidhamni hamaan sammuu mudate akkaataan sammun ittiin of bayyaannachiisee gara tajaajila kennuutti deebi’u baay’ee kan nama



ajaa’yibuudha jedhu..

Hojiin kutaa sammuu tokkoon hojjetamu hanga kutaa sammuu kaaniitti darbuutti ga’a, fakeenyaaf kutaan dhageettiifi kutaan iji akka hojjetu gargaaru waljala darbuun bitaa namatti galuu danda’a jedha qorataan sammuu kun.

Qaama ulfaatina xiqqaa garuu, gochaan hunda caalu

Sammun kutaa qaamaa ulfaatinaan isa xiqqaa ta’e (kiiloogiraama 1.5 qofa ta’e) (ulfaatina qaamaa keessaa giddugaleessaan % 2 qofa kan qooddatu) ta’ee, garuu anniisaa guutummaa qaamaa keessaa harka 20 kan fayyadamudha. Qaama namaa keessaa kan akka sammuu anniisaa guddaa fayyadamu hin jiru jedha qorataan kun.

Haata’u malee, ulfaatinniifi hammi inni ga’u dandeettiirratti yeroo hunda dhiibbaa hin qabaatu. Sammuun dhiirotaa guddinaan kan dubartootaa akka caaluudha akeeku saayintistoonni. Dandeettiin waa hubatanii hojiitti hiikuu guddina fiizikaalaa sammuurratti kan hundaa’u osoo hin taane, baay’ina seelota sammuu wal-quunnamanii kan ‘Synapse’ jedhamuun beekamuutiin murtaa’a jedha Ameerikaa Hospitaala Norwestern jedhamutti qorataan Giddugala Amaloota Sammuufi dhibee Alzaayimarii Borna Bonakdarpour. Niwuroonota biiliyoona 100 ta’anirraa kan ijaarame sammun, ulfaatina xiqqaa qabaatus garuu sochii, haalaafi amala hunda kan to’atuudha. Jiruufi jireenyi namaa-yaadi, miiirri,afaan dubbannu, yaadannoon, hubannoon, beekumsiifi dammaqinni sammuudhaan taliigamu(to’amu).

Sammuun anniisaa waatii 23 maddisiisuu danda’a

Akka qorattoonni jedhanitti sammun anniisaa waatii 23 kan ampuulii tokko irriitti ibsuu danda’u qaba. Humni kun argamuuf boqonnaa ga’aa barbaada, hirriba ga’aa rafuunis sirni sammuu keenyaa rakkoo malee akka hojjetuuf gargaara. Hirriba ga’aa dhabuun ammoo pirootiiniin sammuu keessatti heddummaachuun dhibeewwan akka



Alzaayimarii namatti fida.

Odeeffannoon sammuu keessaa sa’atiitti kiiloomeetira 431 imaluun gara gochaatti akka jijjiiramu himu saayintistoonni. Niwurooniin wayita kaka’ee hojii eegalu, humni elektirikaa seelotarraa gara seelotaatti imaluun ergaa dabarsuutti gadhiifama.

Daandii sammuufi qaama wal-quunnamsiisu-Ispaayinaalkoordii

Mootora jiruu dhala namaa kan ta’e sammuu qaama kaan waliin kan wal-quunnamsiisu ‘Ispaayinaalkoordii’ jedhama. Tishuuwwan narviifi seelota gargaartuu hedduu kan of keessaa qabu ispaayinaalkoordiin ergaa sammuurraa fuudhee gara kutaalee qaamaatti raabsa.

Riqichi sammuufi qaama wal-quunnamsiisu kun citnaan ykn ispaayinaalkoordiin hubamaan jiraachuun namaa akkaan yaadessaa ta’a.

Hariiroo sammuufi qalbii

Sammun(brain) qaama qaqqabatamu(physical) ta’ee kutaalee adda addaa kan qabu yoo ta’u, tajaajilli inni kennu ammoo qalbii (mind) jedhameetu waamama. Kutaa qaamaa keessaa cooma(faatii) hedduu qabaachuun kan beekamu sammun, kunis hojii sammuu si’eessuuf gargaara. Sammuun niwuroonota biiliyoona 100 ta’an of keessaa qaba. Niwuroononni kunneen wal-quunnamtii

Gara fuula 2tti

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



Koreen Dhaabbii Dhimma Bajataafi to'annoo horataalee mootummaa Aanaa Beddelleetti daawwannaa geggeesse

W.K.Aanichaatiin

Godina Bunnoo Beddellee Aanaa Beddelleetti Koreen Dhaabbii Dhimma Bajataafi To'annoo Horataalee Mootummaa hojiiwwan misoomaa garaagaraa daawwate.

Jilli Dura Taa'aa Koree Dhaabbii Dhimma Bajataafi To'annoo Horataalee Mootummaa Caffee Oromiyaa Dr. Gammachuu Araarsootiin durfamuu deggersaafi hordoffiidhaaf tibba kana Godina Bunnoo Beddellee Aanaa Beddelleetti hojiiwwan misoomaa Aanichatti hojjetamaa jiran: buufata biqiltuu bunaafi baala shaayee ganda

Daabanaa Darruu, ijaarsa piroojektii Varmi kompostiifi Gamoo Paabilik sarviisiifi furdisa horii ganda Ooddoo daawwateera.

Dr Gammachuun daawwannicha booda yaada kennaniin hojiin misooma aanichaa keessatti hojjetamaa jiru qabatamaan arguutti akka gammadan ibsuun inisheetiiviiwwan haaraa madaqsuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf hojiin hojjetamaa jiru cimee yoo itti fufe jijjiirama qabatamaa fiduun ni danda'amas jedhaniru.

Itti Aanaan bulchaa Godina Bunnoo Beddellee Obbo Girmaa Fiqaaduu Godinichatti

Inisheetiivii 28 Mootummaan Naannoo Oromiyaa akka hojiirra ooluuf labse keessaa 26 hojiirra ooluu dubbachuun qonnaan bultoonni godinichaa qonna biratti maloota garaagaraa fayyadamuun galiisaa akka fooyyessuuf qindoominaan hojjetamaa jira jedhaniiru.

Keessumaayyuu bara kana akka godinichaatti oomisha baala shaayee bifa haaraan kan eegalameefi Aanolee godinichaa keessatti biqiltuu miliyoona 66 ol dhaabamuun kunuunfamaa jiraachuus himaniiru.

“Itoophiyaan balaa jijjiirama . . .

eegumsa naannoof xiyyeeffannoo addaa laatee hojjechaa jiraachuu dubbataniiru.

Akkasumas mootummaan maanufaakcheriingii, tuurizimiifi diinagdee gooroo tasgabbeessuuf hojjechaa akka jiru kaasuu, kanneen biroon karoora waggaa 10 dameewwan qonnaa, investimantii, milkeessaa jiraachuu eeraniiru.

Hoggantootni hojii hunda . . .

waan ta'eef hoggansi kallattii kennamu fudhachuun naamusa cimaadhaan hojiitti hiikuun dhimma araarama hinqabneedha jedhaniiru.

Karaa biraatiin hojiilee hunda walqixa qindeessanii hogganuu dhabuunis hanqina ta'uufi yeroo itti aanutti hojiileen karoorfaman harcaatii malee walqixa hoganamuu akka qaban hubachiisaniiru.

Kenni tajaajilaa hanqina kan qabu ta'uu himuun jireenya uummataa jijjiiruuf tajaajila si'ataafi qulqulluu kennuun dhimma murteessaa akka ta'es himaniiru. Keessumattuu, caasaan sadarkaa aanaafi isaa gadi jiru baay'ee laafaa ta'uun karoorri qabame kallattii barbaadamuun akka gadi hin buune ta'eera jedhan Pirezidaant Shimallis.

Kanaafuu, hoggansi sadarkaan jiru ijaaramee karaa gurmaa'een ergama itti kenname hojiitti hiikuu akka qabu ibsaniiru.

Gabaasni sobaafi hanni kaansarii sirnaati ta'uu kan ibsan Obbo Shimallis rakkoo kana bu'uurarraa

sirreessuun murteessaa ta'uu himaniiru. Gabaasa sobaafi hanna injifachuun rakkoo uummata keenyaa hiikuudha. Kanarratti qabsaa'uufi tarkaanfii sirrii fudhachuun bu'uurarraa sirreessuun barbaachisaa ta'uus hubachiisaniiru.

